



BARNOOTA AFAAN OROMOO

KITAABA BARATAA

KUTAA 2

Qopheessitoonni:

Gannat Birmachuu Birru (MA)

Tashaalee Dhufeeraa Xaafaa (MA)

Tashooma Tolaa Ayyaane (MA)

Gulaaltonni:

Abdulqaadir Huseen Gishee (MA)

Tashoomaa Qanaasaa Tolosaa (MA)

Madaaltuun:

Yewubdaar Ayyaaleew (BA)

Qindeessaa: Roobii Waamii (MA)

Giraafiksii: Kolleejjii Poolii Teekinikaa Inxooxxoo

Biirroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

2014/2021 Finfinnee

BOQONNAA AFUR: IDDOO BIQILTUU

Kaayyoowwan

Xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuun yaada callaa adda baasta.
- Qabiyyeewwan yaada dimshaashaa afee/dubbisaa ni barreessita.
- Mallattoo raajeffannoofi gaaffii adda baasta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1. Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Gaaffilee armaan gadii barreeffama barsiisaa/tuun siif dubbisan dhaggeeffachuun dura afaaniin deebisi.

1. Gosti biqilootaa naannoo keetitti argaman maal fa'i?
2. Biqiloonni nyaataaf oolan kanneen akkamiiti?
3. Biqiltuu dhaabdee beektaa?
4. Gosa biqilootaa nyaattee beektu tarreessi.
5. Burtukaana maal isaatu nyaatama?

Galgaala 2. Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffilee kanaa gadii dubbisa barsiisaa/tuun siif dubbisan irratti hundaa'uun afaaniin deebisi.

1. _____ fi _____ barattoota kuta 2^{ffaa}ti.
2. Mana barumsaatii yeroo deebi'anis _____ irraa horii eegu.
3. Yeroon yoo gahu immoo gara _____ deemu.

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 3. Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan afaaniin deebisi.

1. Biqiltuu dhaabdee beektaa?
2. Biqiltuun iddoo akkamii dhaabama?
3. Kuduraan maali?
4. Fuduraan gosa biqiltuu akkamiiti?





Iddoo Biqiltuu

Aadde Hawwiin jiraattuu kutaa magaalaa Aqaaqii Qaallittii yoo ta'an, iddoo biqiltuu qopheessuun beekkamu. Biqiloota kanas, haalan kunuunsuun hanga dhaabbidhaaf gahutti eegumsa cimaa taasisu. Biqiltuu kanas, namoonni naannoo isaanii jiraatan irraa bitachuun lafa biqiltuuf qopheeffatan irra dhaabu.

Itti dabalees, naannoo mana jireenyaa biqiltuu dhaabuu jaalatu. Biqiloonni isaan dhaaban kunneenis, fuduraafi kuduraadha. Fuduraan kanneen akka: burtukaanaa, loomii, muuzii, paappayaa, avokaadoofi maangoodha. Kuduraan ammoo: kaarotii, timaatima, moosee, raafuufi qullubbii dha. Biqiloonni kunneenis, kan naannoo manaa jedhamanii haa beekaman malee ooyiruu bal'aa irras dhaabamuu danda'u.

Walumaagalatti, aadde Hawwiin biqiloota dhaaban kanaaf kunuunsa barbaachisaa gochuun bu'aa achi irraa argataniin ijoollee isaanii barsiifatu.

Gilgaala 4. Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffilee armaan gaditti siif kenname dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun deebisi.

1. Aadde Hawwiin eessa jiraatu?
2. Aadde Hawwiin bu'aan kuduraafi fuduraa irraa argatan maal fa'i?
3. Paappayaan kuduraa moo fuduraadha?

Gilgaala 5. Dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun kan sirrii ta'e 'Dhugaa' kan dogoggora ta'e 'Soba' jechuun deebisi.

1. Muuziin gosa fuduraati.
2. Aadde Hawwiin biqiloota dhaabaniif kunuunsa gahaa hin taasisan.
3. Biqiloota kunuunsuun barbaachisaadha.
4. Biqilootni hunduu ni nyaatamu.
5. Aadde Hawwiin jiraattuu magaalaa Finfinneeti.
6. Aadde Hawwiin hojii hin jaalatan.

7. Namoonni naannoo, aadde Hawwiirraa biqiltuu fidanii dhaabu.
8. Aadde Hawwiin naannoo mana jireenyaa isaanitti kosii gatu.
9. Aadde Hawwiin hirkattummaan beekamu.
10. Burtukaanni gosa kuduraati.

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 6. Qaamolee jechaa walitti maki.

1. Moo-see _____
2. Raa-fuu _____
3. Muu-zii _____

Gilgaala 7. Qaama jechaafi fufii (-ota) walitti makuun barreessi.

Fakkeenya. Magaal- -ota Magaalota

1. Barsiis- -ota _____
2. Beekt- -ota _____
3. Bineens- -ota _____

Gilgaala 8. Jechaafi fufiitti (-ota) addaan qoqqoodi.

1. Hoolota _____, _____
2. Mootota _____, _____
3. Qaamota _____, _____

Gilgaala 9: Maqaalee biqilootaa armaan gadii fuduraafi kuduraa jechuun adda baasii barreessi.

Moosee	Maangoo	Raafuu	Burtukaana
Kaarotii	Loomii	Paappayaa	

1. Kuduraa: fakkeenya: Kaarotii, _____, _____, _____
2. Fuduraa: fakkeenya: Maangoo, _____, _____, _____

Gilgaala 10. Jechoota kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa guuti.

Fuduraa	Kuduraa
----------------	----------------

1. Loomii, muuziifi burtukaanni biqiltoota _____ ti.
2. Kaarotii, mooseefi raafuun biqiltoota _____ ti.

Gilgaala 11. Mallattoo raajeffannoo (!) fi gaaffii (?) bakka barbaachisutti galchi.

1. Ishoo korma koo eessaa dhufte
2. Kuta meeqa baratta
3. Baga gammadde
4. Maqaan kee eenyu
5. Obseen yoom dhufte

BOQONNAA SHAN: QULQULLINA NAANNOO

Kaayyoowwan

Xumura boqonnaa kanaatti :

- Dubbisa dhaggeeffachuun hiika jechoota haaraa kennita.
- Yaada callaa afee/dubbisa dubbifamuu adda baasta.
- Mallattoo raajeffannoofi gaaffii adda baasta.
- Qub-guddeessaafi mallattoo tuqaa hima salphaa keessatti fayyadamta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1. Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa


1. Ganama yeroo hirribaa kaatu maal goota?
2. Ciree kee nyaachuun dura maal raawwatta?

Gilgaala 2. Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Dubbisa barsiisaan kee siif dubbisu erga dhaggeeffatteen booda gaffilee dhiyaatan deebisi.

1. Daraartuun mucayyoo waggaa meeqaati?
2. Daraartuun ciree erga nyaatteen booda eessa deemti?
3. Daraartuun harkaafi fuula ishee maaliin dhiqatti?

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu



Shaakala Waliin Dubbii

Tolaa: Akkam bulte Toltuu? **Toltuu:** Akkam bulte Tolaa?

Tolaa: Waan gaaffii natti ta'etu jira.

Toltuu: Maal ture na gaafadhu.

Tolaa: Dareen keenya baay'ee xuraa'ee jiraa mitii?

Toltuu: Kanaaf maal yaa goonuree?

Tolaa: Qulqulleessuu qabna kaa.

Toltuu: Akkamitti?

Tolaa: Waraqaa ciccitaa bittina'ee jiru sana yaa sassaabnu.

Toltuu: Qofaa keenya moo?

Tolaa: Hundi keenya irratti haa hirmaannu.

Toltuu: Dhugaa jette fayyaan nu hundaafuu barbaachiisaadha.

Gilgaala 3. Gaaffilee armaan gadii shaakala waliin dubbii irratti hundaa'uun deebisi.

1. Tolaafi Toltuun waa'ee maalii haasa'an?

2. Toltuutti maaltu gaaffii ta'e?
3. Dareen Tolaafi Toltuu maal ta'ee xuraa'e?

Gilgaala 4. Waliin dubbii olitti dhiyaate irratti hundaa'uun kan sirrii ta'e 'Dhugaa' kan dogoggora ta'e ammoo 'Soba' jechuun deebisi.

1. Toltuun hiriya Tolaati.
2. Dareen Tolaafi Toltuu qulqulluu ture.
3. Tolaan qofaa isaa daree qulqulleesse.
4. Qulqullina ofii eeguun barbaachisaadha.
5. Waliin hojjachuun filatamaa miti.

Gilgaala 5. Gaaffilee armaan gadii fakkiwwaan gaditti dhiyaate ilaaluun deebisi.

1. Naannoo keenya mijataa taasisuuf maal gochuu qabna?
2. Balfi eessatti gatama?
3. Wantoonni naannoo keenya faalan maal fa'i?



Qulqullina Naannoo

Naannoo keenya mijataa taasisuuf balfarraa qulqulleessuun baay'ee barbaachisaadha. Dhukkuboonni sababa qulqullina dhabuutiin dhufan hedduun waan jiraniif, isa kanarraa baraaramuuf balfa naannoo keenya jiran qulqulleessuu qabna. Naannoo keenya balfarraa qulqulleessuuf tooftaalee garaagaraa fayyadamna. Isaan keessaa muraasni: kosii iddoo tokkotti qabanii gubuu, balfa kuufame ooyiruutti gatu, boolla keessatti kuusuufi kanneen kana fakkaatanidha. Keessumattuu, naannoo magaalaatti uummanni waan heddummatuuf balfi garaagaraa ni heddummaata. Kanaaf, ammoo furmaanni duula qulqullina naannoo gaggeessun naannoo keenya qulqulleessutu nurraa eegama.

Walumaagalatti, naannoo keenya qulqulleessuun qilleensa mijataa nama hundaaf tolu uumuu keessatti gahee guddaa taphata.

Gilgaala 6. Shaakala Dubbisuun Boodaa.

Dubbisa dhiyaatan irratti hundaa'uun hima sirrii ta'e 'Dhugaa' kan dogoggora ta'e ammoo 'Soba' jedhii deebisi.

1. Balfi iddoo qulqulluutti gatama.
2. Duula qulqullina naannoo gaggeessuun barbaachisaadha.
3. Naannoo magaalaatti balfi ni heddumata.

Gilgaala 7. Dubbisa armaan olii irratti hundaa’uun hiika jechoota siif kennamanii barreessi.

1. Balfa _____
2. Ooyiruu _____
3. Boolla _____
4. Xuraawaa _____
5. Qulqullina _____

Gilgaala 8. Jechoota armaan gadii bakka duwwaa siif kenname irratti guuti.

Duula	Balfa
--------------	--------------

1. _____ naannoo keenya jiran qulqulleessuu qabna.
2. _____ qulqullina naannoo keenyaa gaggeessuun nurraa eegama.

Gilgaala 9. Jechoota roga ‘A’ jalaa hiika isaanii roga ‘B’ jala jiraniin walitti firoomsi.

- | A | B |
|---------------|----------------|
| 1. kosii | A. dhukkuba |
| 2. dhibee | B. balfa |
| 3. fayyadamuu | C. gargaaramuu |

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 10 . Jechoota waliin deemaniin bakka duwwaa guuti.

boolla naannoo balfa

Miiccachuu Fakeenya: Uffata miiccachuu

Dhiqachuu Fakkeenya: Qaama dhiqachuu

1. qulqulleessuu _____

2. qotuu _____

3. gubuu _____

Gilgaala 11. Himoota armaan gadiitiif bakka barbaachisutti mallattoo raajeffannoo (!) galchi.

Fakkeenya. U! uu! Naaf birmadhaa.

1. Yaa bara kana

2. Safuu

3. Nan bade kaa

Gilgaala 12. Gaaffilee armaan gadiitiif mallattoo gaaffii (?) bakka barbaachisutti galchi.

Fakkeenya: Biyya hambaa deemuu barbaaddaa?

1. Karaan mana abbaa Gadaa eessa

2. Barnoota yoo xumurte maal ta'uu feeta
3. Paarkii Tokkummaa daawwattee beektaa
4. Magaalaa moo baadiyyaa wayya
5. Eebbisaan barnoota deemee
6. Yaadaniin barnoota xumurtee
7. Kalifaan yoom gala
8. Obboleessa meeqa qabda
9. Manni barumsaa yoom banama
10. Maqaan hiriya kee eenyu

Gilgala 13 . Himoota armaan gadii keessatti qubguddeessaafi mallattoo tuqaa (.) bakka barbaachisutti galchi.

Fakkeenya. **B**ooleen biyya Bulbulaati.

1. caffee Oromiyaa waltajjiirra jira
2. haacaaluun aartistii keenya
3. tokkummaan keenya galma keenya
4. odaan Oromoo shani
5. abdurraamaan barataadha.